# ERGAA GARA IBROOTAATTI ERGAME

## Waaqayyo Karaa Ilma Isaatiin Dubbate

**1** Bara durii Waaqayyo karaa raajotaatiin[a] yeroo baay'ee fi karaa adda addaatiin abbootii keennatti dubbatee ture. 2 Bara dhumaa kana keessa garuu karaa Ilma isaatiin nutti dubbateera; Ilmi isaa kunis isa inni dhaaltuu waan hundumaa godhee muudee fi isa inni ittiin addunyaa uume sanaa dha. 3 Ilmi ifa ulfinna Waaqayyoo ti; eenyummaa Waaqayyoos sirriitti[b] muldhisa; dubbii isaa humna qabeessa sanaanis waan mara irkisee ni baata. Innis erga cubbuu irraa nama qulqulleessee booddee[c] samii irra mirga Waaqa ulfinna qabeessa sanaa taa'e. 4 Akkuma maqaan inni dhaale sun maqaa maleekkotaa caalaa guddaa ta'e sana innis maleekkota caalaa guddaa ta'eera.

5 Waaqayyo maleekkota keessaa isa kamiin,
"ati ilma kiyya;
ani hardha si dhalfadheera."

Yookiin isa kamiin,
"ani abbaa isaa nan ta'a;
innis ilma naa ta'a" jedhee beeka?
6 Akkasumas Waaqayyo yommuu Ilma isaa hangafa gara biyya lafaatti ergutti,
"maleekkonni Waaqayyoo cufti isaaf haa sagadanii" jedha.

7 Yommuu waayee maleekkotaa dubbatus,
"inni maleekkota isaa qilleensa,
tajaajiltoota[d] isaa immoo arraba ibiddaa godha" jedha.

8 Waayee Ilmaa garuu akkana jedha;
"Yaa Waaqayyo teessoon kee baraa hanga barabaraatti ni jiraata;
qajeelinnis bokkuu mootummaa keetii ni ta'a.
9 Ati qajeelinna jaalateerta; jallinnas jibbiteerta;
Kanaaf Waaqayyo Waaqni kee jaallan kee caalaatti,
dibata gammachuutiin si dibe."
10 Akkasumas inni akkana jedha;
"yaa Gooftaa, ati jalqabatti hundee[e] lafaa buufteerta;
samiiwwanis hujii harka keetii ti.
11 Isaan ni badu; ati garuu ni jiraatta;

[a] 1 ykn *raagotaatiin;* [b] 3 ykn *akka dansaa;* [c] 3 ykn *duubatti;* [d] 7 ykn *hojjattoota;* [e] 10 ykn *yayyaba*

**1:4** - *Maqaa* - Akka yaada warra ibrootaatti maqaa jechuun karaa wanni tokko ittiin beekamu qofa hin turre. Maqaan guutummaa eennummaa nama tokkoo ibsa; ammas karaa itti gaafatamuummaan, hujiin, guddinni yookaan ulfinni nama tokkoo ittiin beekamu (muldhifamu) ture.

hundumti isaaniis akkuma
uffataa ni moofawu[f];
12 Atis akkuma wayaatti isaan
mammarta;
isaan akkuma uffataatti
jijjiiramu;
ati garuu akkuma jirtutti
jiraatta;
umriini kees matumaa[g] dhuma
hin qabu."
13 Waaqayyo maleekkota keessaa
isa kamiin,
"haga ani diinota[h] kee,
ejjata miila keetii godhutti,
harka mirga kiyyaa taa'i" jedhee
beeka?
14 Maleekkonni martinuu hafuu-
rota tajaajilan kanneen warra
fayyinna dhaalan tajaajiluuf
ergamanii mitii?

## Akeekkachiisa

2 Kanaaf nu akka waan
dhageenne irraa hin banneef
waan dhageenne sana irratti
xiyyeeffannoo guddaa gochuu
qabna. 2 Sababiin isaas erga dub-
biin maleekkotaan dubbatame sun
sirrii[i] ta'ee, seera cabsuufi aja-
jamuu diduuni cuftis erga adaba
sirrii argatanii, 3 Yoos nu yoo
fayyinna guddaa akkanaa tuf-
fanne akkamitti adaba kana jalaa
baana ree? Fayyinni jalqabatti
Gooftaan labsame kun warra isa
dhagayaniin nuu mirkaneeffame.
4 Waaqayyos milikkitaan[j], baasaa
fi hujii dinqii[k] adda addaatiin
akkasumas kennaawwan Hafuura
Qulqulluu[l] kanneen akka fedhii
isaatti kennamaniin waayee
kanaa dhugaa bayeera[m].

## Yesuus Obboleeyyan Isaa Fakkaachuu Isaa

5 Waaqayyos addunyaa dhufuuf
jirtu, isii nu waayee isii dubannu
sana akka isiin maleekkotaaf
bitamtu hin goone. 6 Namni tokko
garuu bakka[n] tokkotti akkana
jedhee dhugeesseera;
"Akka ati waayee isaa yaadduuf
namni maali?
akka isaaf yaadduufis ilmi
namaa maali?
7 Ati diqquma maleekkotaa gadi
isa goote;
gonfoo[o] ulfinnaatii fi galataa
mataa isaa irra keette;
8 Waan hundumaas miila isaa
jala galchite."
Waaqayyos yommuu waan
hunda miila isaa jala galchetti
wanni inni otoo toowannaa isaa
jala hin galchin hambise tokkoy-
yuu hin jiru. Ta'us yeroo ammaa
wonni hundinuu harka isaa jala
galee hin arginu. 9 Garuu Ye-
suusiin xiqquma maleekkotaa
gadi ta'ee ture sun amma gon-
foon ulfinnaatii fi galataa mataa
isaa irra kaa'ameefii argina;
sababiin isaas inni ayyaana

[f]11 ykn *indullooman;* [g]12 ykn *ganni kee akkanallee jedhee;* [h]13 ykn *nyaapha*; [i]2 ykn *qajeela;* [j]4 ykn *malkataan/ milikkeetaan;* [k]4 ykn *maadee/ ajaa'ibsiisaa;* [l]4 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [m]4 ykn *rageesseera/ yaa dhugeesse;* [n]6 ykn *fulaa;* [o]7ykn *ruufa*

Waaqayyootiin akka nama maraaf
jedhee du'a dhandhamuuf cinqama
du'aa cinqame.
10Waaqni wonni cufti isaaf
jiraatuufi isaan jiraatu sun
ilmaan baay'ee gara ulfinnaatti
geessuuf jedhee burqaa fayyinna
isaanii dhiphuudhaan kan
hirdhinna hin qabne gochuun
isaaf ni mala ture. 11Inni namoota
qulqulleessuu fi namoonni
qulqulleeffaman sun ijoolluma
abbaa tokkoo ti; kanaafuu Ye-
suus obboleeyyan jedhee isaani
waamuu hin qaanawu. 12 Innis,
"Ani maqaa kee obboleeyyan
kiyyatti nan labsa;
Waldaa Kiristaanaa keessattis
sin jajadha" jedha.
13Akkasumas,
"ani isa nan amanadha[p]" jedha.
Ittuma ida'ees inni,
"kunoo , ani as jira; ijoolleeni
Waaqayyo naa kennes asi
jiru" jedha.

14Sababii ijoolleen sun nama
fooniitii fi dhiigaa ta'aniif Yesuusis
du'a ufii isaatiin daabiloos isa
du'a irratti humna qabu sana
balleessuuf jedhee namummaa
isaanii uffate. 15Innis warra bara
jireenna isaanii hunda garbum-
maa sodaa du'aatiin hidhamanii
turan bilisa baasuuf[q] jedhee
waan kana godhe. 16Inni maleek-
kota otoo hin ta'in sanyii Abra-
haamii gargaaruun isaa beekamaa
dha. 17Kanaaf inni Waaqa ta-
jaajiluu[r] keessatti akka luba ol
aanaa[s] isa araara qabeesaa fi
amanamaa ta'uuf, gatii cub-
buu namootaa baasuuf akka
aarsaa[t] dhiyeessuuf waan maraan
obboleeyyan isaa fakkaachuuttu
isa irra ture. 18Inni mataan
isaatuu cinqama isaa keessatti
waan qorameef warra qoramaa
jiran gargaaruu ni danda'aa tii.

### Yesuus Muusee Caala

3 Kanaaf yaa obboleeyyan
qulqulloota, warra waamicha
samii keessatti hirmaattan;
Yesuus ergamaa fi luba ol aanaa[u]
amantii[v] keennaa sana ilaalaa.
2Akkuma Muuseen mana Waaqaa
keessatti amanamaa ture sana
innis Waaqa isa muudeef amana-
maa ture. 3 Akkuma namni mana
ijaaru tokko mana sana caalaa
ulfinna guddaa qabu, Yesuusis
Muusee caalaa ulfinna guddaa
qaba; 4Mana cufa namattu
ijaaraatii; Waaqayyo garuu
ijaaraa waan cufaa ti. 5Muuseen
waan fuulduratti dubbatamuuf
ture rageessuuf[w] akka tajaajilaa[x]
tokkootti guutummaa mana
Waaqaa keessatti amanamaa
ture. 6Kiristoos garuu akka
ilmaatti guutummaa mana
Waaqaa irratti amanamaa dha;
nus yoo jajjabeenna keennaa fi

[p]13 ykn *indhugeeffadha;* [q]15 ykn *bal-choomsuuf ;* [r]17 ykn *Waaqaaf hojjachuu;* [s]17 ykn *qaallicha guddaa;* [t]17 ykn *soori-yoo;* [u]1 ykn *qaallicha guddaa;* [v]1 ykn *dhugeeffachaa;* [w]5 ykn *dhugaa bawuuf/ dhugeessuuf;* [x]5 ykn *hojjataa*

abdii ittiin boonnu sana jabeessinee qabanne nu mana isaa ti.

### Akeekkachiisa Amantii Dhabiisa Irratti Kenname

7Kanaaf akkuma Hafuurri Qulqulluun[y] jedhu,

"isin yoo hardha qoonqa[z] isaa dhageettan,
8Akka yeroo qorumsaa lafa onaa[a] keessatti,
finciluun[b] taatan sana,
mata-jabeeyyii hin ta'inaa.
9Bakka[c] sanatti abbootiini keessan na qorani;
waggaa afurtama guutuus waan ani hojjadhe argan.
10Kanaaf ani dhaloota sanatti aaree,
'isaani yaada isaaniitiin yeroo hunda karaa irraa goru;
karaa kiyyas hin beekani' jedhe.
11Anis aaree,
'isaani matumaa[d] boqonnaa kiyyatti hin galan' jedhee kakadhe."

12Yaa obboleeyyani, akka isin keessaa namni tokkolleen yaada hamaa fi garaa hin amanne kan waaqa jiraataa irraa nama fageessu hin qabaanneef ufeegadhaa. 13Garuu isin keessaa akka namni tokkoyyuu gowwoomsa cubbuutiin mata-jabeessa hin taaneef otoo "hardha" jedhamaa jiru guyyuma guyyaan wal-jajjabeessaa. 14Nus yoo amantii keenya isa jalqabaa haga dhumaatti jabeessinee qabanne Kiristoos waliin hiramaattota ni taanaatii.
15 Kunis isa,
"isin hardha yoo sagalee isaa dhageettan,
akka yeroo Waaqa irratti finqiltan sanaa ,
mata-jabeeyyii hin ta'inaa" jedhamee barreeffamee dha.
16Warri dhagayanii finqilan sun eenyu? Warra geegessaa Muuseetiin biyya Gibxiitii ba'an sana maraa mitii? 17Waaqayyo waggaa afurtama eennu faatti aare? warruma cubbuu hojjatanii reeffi isaanii lafa alootti kukkufee[e] hafe sanattii mitii? 18Yoo warruma ajajamuu didan sana ta'e malee Waaqni, "isaani matumaa boqonnaa kiyyatti hin galan" jedhee eenyu faatti kakate ree? 19Kanaaf akka isaan sababii amantii-dhabiisa isaaniitiif boqonnaa sanatti galuu hin danda'in argina.

### Boqonnaa Guyyaa Sanbataa

4 Kanaaf waadaani[f] boqonnaa isaatti galuu sun ammayyuu waan jiruuf isin keessaa akka namni kamiyyuu otoo boqonnaa sanatti hingalin hinhafne uf haa eegannuu.2Wangeeli isaanitti

[y]7 ykn *Ayyaanni Woyyuun;* [z]7 ykn *sagalee/qoonqoo;* [a]8 ykn *aloo;* [b]8 ykn *finqiluun;* [c]9 ykn *fulaa;* [d]11 ykn *akkanallee jedhanii;* [e]17 ykn *jijjigee;* [f]1 ykn *kakuuni;* [g]2 ykn *dhugeeffachaa*

lallabame sun nuttis lallabameeraatii;
garuu dubbiini lallabame sun waan
amantii[g] isaaniitiin wal hin fud-
hanneef warra dhagayan sanaaf
faayidaa tokkollee hin kennine.
**3**Nu warri amanne boqonnaa
sanatti ni galla, kunis akkuma
Waaqayyo,

"ani aaree,
'isaan matumaa[h] boqonnaa
kiyyatti hin galan' jedhee
kakadhe" jedhu sanaadha. Ta'us
hujiin isaa uumama addunyaatii
jalqabee xummurameera[i]. **4**Innis
bakka[j] tokkotti waayee guyyaa
torbaffaa, "Waaqayyo guyyaa tor-
bafaatti hujii isaa cufa irraa bo-
qote" jedhee dubbate. **5**Ammas
inni kutaadhuma kana keessatti,
"isaan matumaa boqonnaa
kiyyatti hin galan" jedha.

**6**Ammayyuu akka namoonni
tokko tokko itti galaniif bakki
boqonnaa sun banaa dha; warri
duraan wangeelli itti lallabame
sun ammoo sababii ajajamuu
didaniif boqonnaa sanatti galuu
dadhaban. **7**Kanaafuu Waaqayyo
deebisee guyyaa tokko, "hardha"
jedhee waamuun murteesse;
innis akkuma kanaan dura dub-
batame sana bara dheeraan
duubatti karaa Daawitiitiin,

"isin yoo hardha qoonqa[k] isaa
dhageettan,
mata-jabeeyyii hin ta'inaa" jedha.

**8**Otoo Iyyaasuun boqonnaa isaanii
kennee, Waaqayyo eegasii waayee
guyyaa biraa[l] hin dubbatu tu-
reetii. **9**Kanaaf boqonnaan guy-
yaa sanbataa ammayyuu saba
Waaqayyootiif jira. **10**Namni
boqonnaa Waaqayyootti galu
kamiyyuu akkuma Waaqni hujii
isaa irraa boqote sana innis hujii
isaa irraa ni boqota. **11**Kanaaf
akka namni tokkolleen akka
warra sanaa ajajamuu diduun
boqonnaa sanatti galuu hin
dadhabneef koottaa boqonnaa
sanatti galuuf ni tattaafannaa.

**12**Dubbiin Waaqayyoo jiraataad-
haatii; humnas qaba. Goraadee
afaan lama qabu kamiyyuu
caalaa qaramaa dha; hanga lubbuu
fi hafuura, buusaa[m] fi dhuka[n]
gargari baasutti waraanee seenuu
danda'a; yaadaa fi fedhii garaa
namaas ni qora. **13**Uumama hunda
keessaa wanti fuula Waaqayyoo
duraa dhoffamu tokkolleeni hin
jiru; wanti hundi ija[o] isaa duratti
qullaa dha; ifattis kan baafam-
eedha. Nus waayee mataa keen-
naa deebii isaaf kennuu qabna.

### Yesuus Luba ol aanaa Guddicha

**14**Egaa luba[p] ol aanaa guddicha
isa samiiwwan keessa dabre sana
jechuunis, Yesuus Ilma Waaqay-
yoo waan qabnuuf koottaa
amantii keenya jabeessinee haa

[h]3 ykn *akkanallee jedhanii;* [i]3 ykn *fixe;* [j]4 ykn *fulaa;* [k]7 ykn *sagalee/qoonqoo;* [l]8 ykn *dhibii;* [m]12 ykn *mitta'a;* [n]12 ykn *dhu'a;* [o]13 ykn *ila;* [p]14 ykn *qaallicha*

qabannuu. [15] Nu luba ol aanaa otoo cubbuu hin qabaatin akkuma keenya karaa cufaan qorame qabna malee isa dadhabii keenya keessatti garaa nuu hin laafne hin qabnuutii. [16]Kanaaf akka araara argannuu fi akka inni yeroo rakkinnaatti nu gargaaruufis akka ayyaana argannuuf koottaa gara teessoo ayyanaatti amantiin haa dhiyaannuu!

5 Lubni ol aanaan[q] kamiyyuu namoota jidduudhaa filatama; Innis waan Waaqa ilaaluu irratti namoota bakka[r] bu'ee sababii cubbuutiif kennaa fi aarsaa[s] dhiyeessuuf muudama. [2]Inni mataan isaayyuu waan dadhabbii keessa jiruuf warra wallaaltotaa fi warra karaa irraa jallataniif garaa-laafuu ni danda'a. [3]Sababii kanaaf inni cubbuu ufii isaatiif akkasumas cubbuu namootaatiif aarsaa dhiyeessuu qaba.

[4]Nama akkuma Waaqni Aaroonin waame sanatti waamamee malee namni kamiyyuu ufii isaatiin ulfinna kana hin fudhatu. [5]Kiristoosis akkasuma ulfinna luba ol-aanaa ta'iisaa kana ufuma isaatiin hin fudhanne; Waaqayyo garuu,

"ati ilma kiyya;
ani hardha si dhalfadheera"
isaan jedhe.

[6]Bakka dhibiittis[t],

"akkuma sirna lubummaa
Malkiseedeqiitti
ati luba barabaraa ti" jedha.

[7]Yesuus yeroo lafa irra jiraachaa turetti iyya guddaa fi imimmaaniin Waaqa du'a isa oolchuu dandawu sanatti kadhannaa fi waammata dhiyeeffate; sababii inni sodaa Waaqaa qabuufis kadhannaan isaa ni dhagayameef; [8]Inni yoo Ilma Waaqaa ta'ellee dhiphinna dhiphate sana irraa ajajamuu barateera; [9]Erga kan mudaa[u] hin qabne godhamee booddees[v] warra isaaf ajajaman maraaf burqaa fayyinna barabaraa ta'e. [10]Waaqayyos akkuma sirna lubummaa Malkiseedeqiitti akka inni luba ol'aanaa ta'uuf isa waame.

**Gorsa Akka Amantii Hindhiifneef Kenname**

[11]Nu waayee kanaa waan jennu baay'ee qabna; isin garuu waan hubachuutti akka malee dadhaboo taataniif ibsuun rakkisaa nutti ta'a. [12]Isin yeroo kanatti silaa barsiistota ta'uutu isin irra ture; amma garuu nama waayee dhugaa dubbii Waaqayyoo kan jalqabaa sana irra deebi'ee isin barsiisuttu isin barbaachisa. Nyaata jabaataas otoo hin ta'in aanan isin barbaachisa. [13]Namni aananiin jiraatu kamiyyuu waan

[q]1 ykn *qaallichi guddaani;* [r]1 ykn *fulaa;* [s]1 ykn *sooriyoo;* [t]6 ykn *biraattis;* [u]9 ykn *hirdhinna;* [v]9 ykn *duubatti*

ammallee daa'ima ta'eef dubbii qajeelinnaa hin beeku. 14Nyaanni jabaataan garuu namoota bilchaatoo warra otoo wal- irraa hin kutin itti fayyadamuudhaan waan gaarii fi waan hamaa gargari baasanii beekuuf uf leenjisaniif ta'a.

6 Kanaaf koottaa barsiisa waayee Kiristoosi isa jalqabaa sana dhiifnee gara bilchinaatti haa dabarruu; Waayee hujii gara du'aatti nama geessuu irraa deebi'uufi waayee Waaqatti amanuu lammata hundee[w] hin buufnu. 2Akkasumas barsiisa waayee cuuphaawwanii, waayee harka nama irra kaawuu, waayee du'aa-ka'iisa warra du'aniitii fi waayee murtii barabaraa ammas hundee hin buufnu. 3Nus yoo Waaqayyo jedhe waan kana ni goona.

4Warra yeroo tokko ifni ifeef, warra kennaa samii irraa dhandhamatan, warra Hafuura Qulqulluu[x] irraa hirmaatan, 5Warra gaarummaa dubbii Waaqayyootii fi humna bara dhufuuf jiru sanaa dhandhamatanii 6Booddee[y] garuu ganan[z], gara cubbuu irraa deebi'uutti isaani fiduuni hin danda'amu; sababiin isaas isaan fedhuma isaaniitiin deebsanii Ilma Waaqaa ni fannisu; fuula namootaa durattis salphinnatti isa saaxilu[a].

7Lafti yeroo bokkaan irratti roobu dhuddee warra isii qotataniifis oomisha[b] fayyadu kennitu eebba Waaqaa argatti. 8Lafti qoraattii fi sokorruu biqilchitu garuu faayidaa hin qabdu; abaaramuus geesseerti; dhumni isiis gubamuu dha.

9Yaa michoota[c] jaalatamtoota, nu yoo akkana dubbannellee waayee keessan waan wayyu, waan fayyinna wajjiin deemus akka qabdan ni amanna[d]. 10Waaqayyo waan jallaa hinta'iniif hujii keessanii fi jaalala isin isaaf jettanii akkuma amma gochuutti jirtan kana qulqulloota tajaajiluun[e] agarsiiftan sana hin irraanfatu[f]. 11Nus akka tokkoon tokkoon keessan abdii keessan mirkaneessitanii hanga dhumaatti namaaf yaaduu akkanaa agarsiiftan barbaanna. 12Nu akka isin fakkeenya warra amantii fi obsaan waan waadaa[g] galame sana dhaalanii hordoftan barbaanna malee akka isin dhibooftuu[h] taatan hin barbaannu.

### Waadaan Waaqayyoo Amanamaa Ta'uu Isaa

13Waaqayyo yeroo Abrahaamiif waadaa galetti waan

[w]1 ykn *yayyaba;* [x]4 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [y]6 ykn *duubatti;* [z]6 ykn *mormatan;* [a]6 ykn *diidatti baasan;* [b]7 ykn *midhaani;* [c]9 ykn *jaallan/hiriyyoota;* [d]9 ykn *indhugeeffanna;* [e]10 ykn *gargaaruun;* [f]10 ykn *hin dedhu;*[g]12 ykn *kakuu;* [h]12 ykn *adaayyuu*

namni isaan olii kan inni ittiin kakatu tokkolleen hin jirreef matuma ufiitiin kakate. [14]Innis, "ani dhuguma sin eebbisa; sanyii kees naan baayyisa" jedha. [15]Kanaaf Abrahaam obsaan eegatee waan waadaa galameef sana argate.

[16]Namoonni nama isaanii ol ta'een kakatu; kakuun sunis waan jedhame sana mirkaneessuudhaan akka falmiin hundumtuu xummuramu[i] godha. [17]Waaqni waan haala kaayyoo isaa kan hin jijjiirramne sana caalaatti ibsee warra waadaa dhaalanitti agarsiisuu barbaadeef waadaa sana kakuun mirkaneesse. [18]Egaa waan hin jijjiiramne kan Waaqayyos waayee isaanii sobuu hin dandeenne lamattu jira; kanaaf nu warri isatti baqanne abdii fuula keenya dura kaa'ame sana jabeessinee qabachuuf jajjabeenna guddaa qabna. [19]Nus abdii jabaa fi amansiisaa kana akka gadiitoo lubbuutti qabna; abdiin kunis bakka[j] qulqulluu golgaa[k] duuba jiru sanatti ol gala. [20]Bakki kunis bakka Yesuus bakka keenna bu'ee nu dursee itti ol seeneedha; innis akka sirna lubummaa Malkiseedeqiitti luba ol-aanaa isa barabaraa ta'eera.

## Malkiseedeq Lubicha

7 Malkiseedeq mootii Saaleemiitii fi luba[l] Waaqa guddichaa ture; innis otoo Abrahaam mootota moo'atee deebi'uu itti dhufee isa eebbise. [2]Abrahaamis waan hundumaa harka kudhan keessaa harka tokko isaaf kenne. Jalqabatti maqaan isaa, "mootii qajeelinnaa" jechuu dha; sana booddee[m] immoo, "mootii Saalemi" jechuunis, "mootii nagayaa" jechuu dha. [3]Inni abbaa yookaan haadha hin qabu; hidda dhalootaas hin qabu; jalqaba guyyootaa yookaan dhuma jireenyaas hin qabu; akkuma Ilma Waaqaattis luba barabaraa ta'ee jiraata. [4]Egaa Abrahaam hangafni abbootiiyyuu erga waan booji'e irraa harka kudhan keessaa harka tokko isaaf kennee, Malkiseedeq hagam guddaa akka ta'e mee ilaalaa! [5]Ilmaan Leewwii warri luboota ta'an yoo obboleeyyan isaanii sanyii Abrahaami ta'aniyyuu namoota irraa jechuunis obboleeyyanuma isaanii irraa harka kudhan keessaa harka tokko akka walitti qaban seerri ni ajaja. [6]Namichi hidda dhaloota Leewwii irraa hin ta'in kun garuu Abrahaam isa waadaan galameef sana irraa harka kudhan keessaa harka tokko fuudhee isa eebbise.

[7]Inni xiqqaan akka isa guddaadhaan eebbifamu shakkii hin qabu. [8]Karaa tokko harka kudhan keessaa harki tokko namoota

[i]16 ykn *muumma'u;* [j]19 ykn *fulaa;* [k]19 ykn *golla;* [l]1 ykn *qaalluu;* [m]2 ykn *duubatti*

du'uu danda'aniin walitti qabama; karaa kaaniin ammoo isa jiraataa ta'uun isaa dhugaa ba'ameef[n] sanaan walitti qabama. **9**Leewwiin inni harka kudhan keessaa harka tokko walitti qabu mataan isaayyuu harka kudhan keessaa harka tokko karaa Abrahaamiitiin baaseera jechuun ni danda'ama. **10**Yommuu Malkiseedeq Abrahaamin argetti Leewwiin gudeeda abbaa ufii isaa keessa tureetii.

### Yesuus Akkuma Malkiseedeqiitti

**11**Otoo sirni lubummaa[o] leewwii sirna mudaa[p] hin qabne ta'ee, lubni biraa[q] kan akka sirna lubummaa Aarooniitti otoo hin ta'in akka sirna lubummaa Malkiseedeqiitti filatame dhufuun isaa maaliif barbaachise ree? Sababiin isaas seerri sirna lubummaa Leewwii kana irratti hundeeffame sabaaf kennameetii. **12**Yommuu jijjiiramni lubummaa jirutti, jijjiiramni seeraas akkasuma jiraachuu qabaatii. **13** Inni wonni kun waayee isaa dubbatame sun gosti isaa kan biraati; gosa kana keessaas namni tokkolleen takkumaa iddoo aarsaatti[r] hin tajaajille[s]. **14**Gooftaan keenna akka sanyii Yihuudaa irraa dhalate beekamaadhaatii; Muuseenis gosa sana ilaalchisee waayee lubootaa womaa hin jenne. **15**Yommuu lubni akka Malkiseedeqi dhibiin ka'utti, wonni nu dubbanne sun ittuma caalee ifaa ta'a; **16**Innis otoo ajaja fooniitiin hin ta'in humna jireenya dhuma hinqabneetiin luba ta'e. **17**Waayee isaas,

"Akkuma sirna lubummaa
Malkisedeeqiitti,
Ati luba barabaraa ti" jedhamee
dhugeeffameeraatii.

**18**Ajajni duraa sun waan dadhabaa fi kan hin fayyanne tureef haaqameera. **19**Seerri sababii waanuma tokkollee qajeelaa hin godhiniif abdiin caalu kan nu ittiin gara Waaqaatti dhiyaannu tokko dhufeera.

**20**Kunis kakuu malee hin taane; warri kaan immoo kakuu tokko malee luboota ta'an.

**21**Inni garuu yeroo Waaqayyo,

"Gooftaan, 'ati luba barabaraa
ti'
jedhee kakateera;
inni yaada isaa hin jijjiiru"
isaan jedhetti kakuudhaan
luba ta'e.

**22**Yesuusis sababii kakaa[t] kanaatiif kakuu caaluuf wabii ta'eera.

**23**Luboonni durii waan duuti akka isaan tajaajila isaanii itti hin fufne isaan dhowwaa tureef lakkoofsi[u] isaanii baayate. **24**Yesuus garuu waan barabaraan

[n]8 ykn *rageeffameef /dhugeeffameef;* [o]11 ykn *aadaani qaallummaa;* [p]11 ykn *hirdhinna;* [q]11 ykn *dhibiini;* [r]13 ykn *fulaa sooriyootti;* [s]13 ykn *hin hojjanne;* [t]22 ykn *kakuu;* [u]23 ykn *qeencii*

jiraatuuf lubummaa hin jijjiiramne qaba. [25]Kanaaf inni yeroo hundumaa waan isaaniif kadhachuuf jiraatuuf warra karaa isaatiin gara Waaqaa dhufan guutummaatti fayyisuu ni danda'a.

[26]Egaa luba ol aanaa qulqulluu, kan mudaa hin qabne, kan xurii hin qabne, kan cubbamtoota irraa adda ta'e, samii olittis kan kabajame[v] akkasii qabaachuun nu barbaachisa. [27]Inni akka luboota ol aantota kaaniitti guyyuma guyyaan jalqabatti cubbuu ufii isaatiif, ergasii immoo cubbuu namootaatiif jedhee aarsaa[w] dhiyeessuun isa hin barbaachisu; inni yommuu uf kenne sanatti al-tokko yeroo maraaf cubbuu namootaatiif aarsaa dhiyeesseeraatii. [28]Seerri sun namoota dadhaboo, luboota ol aantota godhee muudaatii; dubbiin kakuu kan seera duubaan dhufe garuu, Ilma Waaqaa isa baruma baraan mudaa hin qabne sana muuda.

## Luba Ol Aanaa Kakuu Haarayaa

8 Waan nu dubbannu keessaa ijoon[x] kana; nu luba[y] ol aanaa samii irra karaa harka mirga teessoo Waaqa ulfinnaqabeessa sanaa taa'e akkasii qabna. [2]Innis mana Qulqullumaa jechuunis dunkaana dhugaa kan otoo namaan hin ta'in Gooftaadhaan dhaabame keessa tajaajila[z].

[3]Lubni ol-aanaan kamiyyuu kennaa fi aarsaa[a] dhiyeessuuf muudama; akkasuma immoo lubni kun waan dhiyeessu tokko qabaachuu qaba. [4]Inni otoo lafa irra jiraateellee waan namoonni akka seeraatti aarsaa dhiyeessan duraanuu jiraniif matumaa[b] luba hin ta'u ture. [5]Isaanis mana qulqullummaa kan fakkeennaa fi gaandidduu mana Qulqullummaa samii irra jiruu ta'e sana keessa tajaajilu; Waaqayyos yommuu Muuseen dunkaana dhaabuuf ka'etti, "waan cufa akkuma fakkeenna tulluu irratti sitti agarsiifame sanaatti hojjachuu kee hubadhu!" jedhee isa akeekkachiisuun[c] isaa kanumaafi. [6]Garuu akkuma kakuun inni Yesuus jiddu-deemaa ta'eef sun kakuu moofaa[d] caalaa guddaa ta'e sana tajaajili inni fudhates tajaajila isaanii irra guddaa dha; sababiin isaas tajaajilli isaa waadaa[e] caaluu irratti hundeeffameetii[f].

[7]Otoo Kakuun jalqabaa sun mudaa qabaachuu baatee kakuun lammaffaan hin barbaachisu ture. [8]Waaqayyo garuu saba sanarratti waan yakka argeef akkana jedha;

"yeroon ani itti
 mana Israa'elii wajjiin,

[v]26 ykn *guddifame;* [w]27 ykn *sooriyoo;* [x]1 ykn *handhurtii;* [y]1 ykn *qaalluu;* [z]2 ykn *hojjata;* [a]3 ykn *sooriyoo;* [b]4 ykn *akkanallee jedhee;* [c]5 ykn *seerachuun;* [d]6 ykn *dullacha;* [e]6 ykn *kakuu;* [f]6 ykn *yayyabame*

mana Yihuudaa wajjiins,
kakuu haaraya galu ni dhufa jedha Gooftaan.
9 Kakuun kunis kakuu ani,
yeroo Gibxi keessaa isaan baasuuf jedhee
harka isaanii qabe sana abbootii isaanii waliin galeen tokkoo miti;
isaan waan kakuu kiyyatti jabaatanii hin dhaabatiniif
ani isaan irraa garagaleera jedha Gooftaan.
10 Kakuun kunis kakuu ani yeroo sana booddee[g]
mana Israa'elii waliin galuu dha jedha Gooftaan.
Ani seera kiyya yaada isaanii keessa nan kaa'a;
garaa isaanii keessatti nan barreessa;
ani Waaqa isaanii nan ta'a;
isaanis saba kiyya ni ta'u.
11 Ammaan achi hundumti isaanii,
diqqaa isaaniitii hanga guddaa isaaniitti waan na beekaniif,
namni tokkolleen, 'Gooftaa beeki' jedhee, ollaa isaa yookiin obboleessa isaa
hin barsiisuu.
12 Ani balleessaa isaanii nan dhiisaaf;
cubbuu isaaniis deebi'ee hin yaadadhu[h].

13 Innis kakuu kanaan "haaraya" jedhee kakuu jalqabaa sana moofesseera; Wonni moofayee fi wonni dulloome kamiyyuu dafee bada.

**Dunkaana Lafa Irraa Keessatti Waaqeffachuu**

9 Kakuun jalqabaa suniyyuu sirna[i] Waaqeffannaatii fi
mana qulqullummaa kan lafa
irraa qaba ture. 2 Dunkaanni tokko
dhaabamee ture; kutaan dunkaana
sanaa kan jalqabaa, "bakka[j]
qulqulluu" jedhama ture; kutaa
kana keessas baattuu ibsaatiifi
xarapheessaa[k] akkasumas buddeena Waaqayyoof qulqulleeffamettu ture. 3 Golgaa[l] lammaffaa
duubaan ammoo kutaa, "bakka
hundumaa caalaa qulqulluu"
jedhamu tokkottu ture. 4 Achis
iddoo aarsaa[m] hixaanaa kan
warqii irraa hojjatamee fi
sanduuqa kakuu kan karaa
maraan warqii dibamettu ture;
sanduuqa sana keessas okkotee
warqii kan mannaa baatu, ulee
Aaroon isii lattee fi gabatee dhagaa kan kakuun sun irratti katabamettu kaa'ame. 5 Sanduuqicha
gubbaadhaanis Kirubeeliin
ulfinnaa teessoo araaraa irratti
koola isaanii baldhisanii turan;
amma garuu waayee kanaa gadi
fageennaan dubbachuu hin dandeennu.
6 Luboonni[n] yommuu wanni

[g]10 ykn *duubatti;* [h]12 ykn *hin qaabadhu;* [i]1 ykn *aadaa;* [j]2 ykn *fulaa;* [k]2 ykn *gabatee/meessaa/kophaafaa;* [l]3 ykn *golla;* [m]4 ykn *fulaa sooriyoo itti baasan;* [n]6 ykn *qaalloleeni*

cuftinuu haala kanaan qopheef-
fametti tajaajila kennuuf[o]
jedhanii guyyuma guyyaan ku-
taa dunkaanichaa isa jalqabaatti
ol -seenu turan. 7Kutaa isa lam-
maffaa garuu luba ol aanaa qo-
fatu waggaatti yeroo tokko qofa
seena; innis dhiiga cubbuu ufii
isaatiif dhiyeessuu fi dhiiga cub-
buu namoonni otoo hinbeekin
hojjataniif dhiyeessu qabatu
malee ol hin seenu ture. 8Hafuurri
Qulqulluunis hanga dunkaanni
jalqabaa sun dhaabatee jirutti
akka karaan gara bakka bakka
cufa caalaa qulqulluu ta'eetti
geessu sun ammallee ifatti hin
baafamin haala kanaan agar-
siisaa ture. 9Kunis fakkeenna
bara ammaa ti; Innis akka ken-
naa fi aarsaan dhiyeeffamu sun
qalbii waaqeffataa tokkoo
qulqulleessuu hin dandeenne
muldhisa. 10Innis waayee
Nyaataatii fi dhugaatii, waayee
sirna dhiqannaa garaa garaa
jechuunis sirna foonii isa hanga
seerichi haaromfamutti faayidaa
kennaa turee dha.

### Dhiiga Kiristoosi

11Kiristoos garuu yommuu waan
gaarii dhufuuf jiruuf luba ol
aanaa ta'ee dhufetti, dunkaanicha
guddaa mudaa hin qabne, kan
harka namaatiin hin hojjatamin
jechuunis kan uumama kana irraa
hin dhufin sana keessa dabre
12malee dhiiga re'ootaatii fi
dhiiga jabootaatiin ol hin seenne;
garuu furii barabaraa nuu
fiduudhaan dhiiguma ofiitiin
yeroo tokko barabaraaf gara
bakka bakka hunda caalaa
qulqulluu ta'e sanaatti ol-seene.
13Erga dhiigni re'ootaa, dhiigni
korommiitiifi daaraani goromsaa
kan warra xuraa'anitti facaafamu
akka isaan fooniin qulqullaa'an
godhe, 14yoos dhiigni Kiristoos
isa karaa hafuura barabaraatiin
aarsaa hirdhinna hin qabne ta'ee
Waaqaaf uf dhiyeesse sanaa
akka nu Waaqa jiraataa ta-
jaajilluuf hagam caalaa hujii
gara du'aatti nama geessu irraa
qalbii keenya haa qulqulleessuu
ree!

15Sababii kanaaf akka warri
waamaman dhaala barabaraa isa
abdii kenname sana argataniif
Kiristoos jiddu-deemaa kakuu
haarayaati; inni cubbuu isaan
yeroo kakuu jalqabaa jala
turanitti hojjatan irraa isaan bili-
soomsuuf[p] jedhee furii ta'ee
du'eeraatii.

16Bakka dhaamsi dhaalaa jirutti
akka namni dhaamate sun du'e
mirkaneessuun barbaachisaa
dha. 17Sababiin isaas dhaamsi
dhaalaa yommuu namni dhaamate
sun du'u qofa hujii irra oola malee

[o]6 ykn *hujii hojjachuuf;* [p]15 ykn *qulqulleessuuf*

otoo inni lubbuun jiruu hin hojjatu. [18]Sababiin kakuuni jalqabaayyuu dhiiga malee hujii irra hin ooliniifis kanuma. [19]Muuseen erga ajaja seera sanaa tokko tokkoon saba sana cufatti himee booddee, dhiiga jabbiileetii fi dhiiga re'ootaa bisaani wajjiin, rifeensa hoolaa diimaa fi hisoophii fuudhee kitaaba maramaa fi saba cufatti facaase. [20]Innis, "kun dhiiga kakuu kan Waaqayyo akka isin eeddaniif isin ajajee dha" jedhe. [21]Haaluma walfakkaatuunis dunkaanichattii fi mi'a dunkaanicha keessatti sirna waaqeffannaatiif itti fayyadaman hundumatti dhiiga sana facaase. [22]Dhugumaan akka seeraatti wanni martinuu dhiigaan qulqulleeffama jechuun ni danda'ama; dhiigni dhangalaafamu malees dhiifamni[q] cubbuu hin jiru.

[23]Kanaaf fakkeennawwan waan samii irraa aarsaawwan kanniiniin qulqulleeffamuun barbaachisaa ture; wanni samii irraa mataan isaa garuu aarsaawwan waan kanniin caalaniin qulqulleeffamuu isaan barbaachisa. [24]Kiristoos amma bakka keenya bu'ee fuula Waaqayyoo duratti argamuuf samiidhuma seene malee mana qulqullummaa kan harka namaatiin ijaarame isa fakkeenya mana qulqullummaa kan dhugaa ta'e qofa hin seenne. [25]Yookaan inni akkuma luba ol aanaa wagguma waggaan dhiiga kan isaa hin ta'in qabatee bakka bakka cufa caalaa qulqulluu ta'e seenu sanaatti yeroo baay'ee uf dhiyeessuuf samii hin seenne. [26]Otoo akkas ta'ee Kiristoos uumama addunyaatii jalqabee yeroo baay'ee dhiphachuu qaba ture; amma garuu inni cubbuu balleessuuf jedhee ufii isaa aarsaa godhee dhiyeessuun dhuma baraatti yeroo tokko barabaraaf muldhateera. [27]Akkuma yeroo tokko du'uun eegasii immoo murtiitti dhiyaachuun namatti murteeffame [28]akkasuma ammoo Kiristoos cubbuu namoota baay'ee baachuuf jedhee yeroo tokko aarsaa ta'ee dhiyeeffameera; innis cubbuu baachuuf otoo hin ta'in warra isa eegachaa jiraniif fayyinna fiduuf yeroo lammaffaa ni muldhata.

### Kiristoos Yeroo Tokko Barabaraaf Aarsaa Ta'uu Isaa

**10** Seerri gaandidduma waan dansaa dhufuuf jiruuti malee waan dansaa sana mataa isaatii miti; kanaaf seerichi aarsaa[r] otoo wal-irraa hin citin wagguma waggaan dhiyeeffamu sanaan matumaa[s] namoota waaqeffachuuf dhiyaatan sana warra mudaa[t] hin qabne gochuu hin danda'u. [2]Otoo waan kana gochuu danda'ee ammoo aarsaan

[q]22 ykn *haraarii;* [r]1 ykn *sooriyoo;* [s]1 ykn *akkanallee jedhee;* [t]1 ykn *hirdhinna*

dhiyeeffamuun isaa ni hafa turee
mitii? Waaqeffattoonnis yeroo
tokko barabaraaf ni qulqulleef-
famu turaniitii; sana booddees[u]
sababii cubbuu isaaniitiif yakki
isaanitti hin dhagayamu ture.
3 Aarsaawwan kunneen garuu
wagguma waggaan cubbuu nama
qaabachiisu[v]; 4 Sababiin isaas
dhiigni korommiitii fi dhiigni
re'ootaa matumaa namoota irraa
cubbuu dhiquu hin danda'uutii.

5 Kanaaf Kiristoos yommuu gara
biyya lafaa dhufetti akkana
jedhe;

"ati aarsaa fi kennaa hin barbaanne;
garuu nafa naa qopheessite;
6 Ati kennaa gubamuu fi kennaa sababii cubbuutiif
dhiyeeffamutti hin gammanne;
7 Anis, ' yaa Waaqayyo akkuma waayeen kiyya kitaaba keessatti barreeffametti,
fedhii kee raawwachuuf[w] kunoo dhufeera' jedhe."

8 Seerichi akka aarsaa fi kennaan
dhiyeeffamu ajajullee inni jalqaba
irratti, "ati kennaa gubamuu fi
kennaa sababii cubbuutiif dhiy-
eeffamu hin barbaanne; ittis hin
gammanne" jedhe. 9 Itti ida'ees,
"ani kunoo fedhii kee raawwa-
chuuf dhufeera" jedhe; innis isa
lammaffaa dhaabuuf jedhee isa
jalqabaa buqqise. 10 Fedhii sanaanis
nu karaa aarsaa nafa Yesuus
Kiristoosi isa yeroo tokko bara-
baraaf dhiyeeffameetiin qulqulleef-
famneerra.

11 Lubni[x] hundinuu guyyuma
guyyaan dhaabatee tajaajila[y] isaa
raawwata; aarsaa matumaa cub-
buu nama irraa dhiquu hin dan-
deenne sanas ammumaa amma
dhiyeessa. 12 Kiristoos garuu eegii
sababii cubbuutiif jedhee aarsaa
tokkicha barabaraaf dhiyeessee
booddee karaa mirga Waaqaa
taa'e. 13 Innis yeroo sanaa jalqa-
bee hanga diinonni[z] isaa ejjata
miila isaa ta'anitti ni eegata.
14 Sababiin isaas inni aarsaa tok-
kicha sanaan warra qulqulleeffa-
muutti jiran, warra barabaraaf
mudaa[*] hin qabne isaan god-
heeraatii.

15 Hafuurri Qulqulluunis[a] waayee
kanaa dhugaa nuu ba'a[b]; innis
jalqabatti akkana jedha:
16 "Kakuun ani yeroo sana boodee isaan waliin galu,
isa kana jedha Gooftaan;
ani seera kiyya garaa isaanii keessa nan kaa'a;
qalbii isaanii irrattis nan barreessa."
17 Itti ida'ees,
"ani cubbuu isaaniitii fi jallinna isaanii
deebi'ee hin yaadadhu" jedha.

[u]2 ykn *duubatti;*[v]3 ykn yaadachiisu [w]7 ykn *guutuuf;* [x]11 ykn *qaalluuni;* [y]11 ykn *hujii;* [z]13 ykn *nyaaphii;* [*]14 ykn *hirdhinna;*[a]15 ykn *Ayyaanni Woyyuuni;* [b]15 ykn *nuu dhugeessa/nuu rageessa*

18Bakka[c] isaan kunneen itti dhii-
fama[d] argatanitti sababii cub-
buutiif lammata aarsaa tokkollee
dhiyeessuun hin jiru.

**Obsaan dhaabachuu**

19Kanaaf yaa obboleeyyani, nu
dhiiga Yesuusiitiin gara bakka
bakka hunda caalaa qulqulluu
ta'eetti galuuf ija[e] jabeenna
qabna; 20Kunis karaa haarayaa fi
jiraataa kan inni golgaa[f] kees-
saan jechuunis karaa foon
isaatiin nuu banee dha. 21Nus
waan luba guddaa mana Waaqay-
yoo irratti aangoo[g] qabu tokko
qabnuuf, 22Koottaa mee akka
qalbiin keenya yaada yakka qa-
baachuu irraa qulqulleeffamuuf
garaa keenyatti nuu facaafamee,
nafa keenyas bishaan qulqulluun
dhiqannee garaa qulqulluu aman-
tii[h] mirkanaa'aa guutuu qabuun
Waaqatti haa dhiyaannuu. 23Inni
waadaa gale sun waan amana-
maa ta'eef koottaa nu otoo hin
raafamin ragaa abdii keennaa
jabeessinee haa qabannuu. 24Koot-
taa akka itti jaalalaa fi hujii
gaariif wal-kakaafnu itti haa
yaannuu. 25Akka namoonni tokko
tokko walitti qabamuu dhiisan
sana koottaa nu walitti qabamuu
hin dhiifnuu; qooda kanaa akka
guyyaan sun dhiyaate waan argi-
taniif ittuma caalchifnee wal haa
jajjabeessinuu.
26Nu erga beekumsa dhugaa
argannee booddee yoo beekaa
ittuma fufnee cubbuu hojjanne,
kana booddee aarsaan sababii
cubbuutiif dhiyeeffamu tokkol-
leen hin jiraatu. 27 Wanni jiraatu
garuu murtii fi ibidda sodaachi-
saa kan diinota Waaqayyoo bar-
badeessu eegachuu qofa. 28Namni
seera Muusee tuffate kamiyyuu
dhugeessaa nama lamaatiin
yookiin nama sadiitiin gara-
laafinna tokko malee ajjeefama.
29Nama Ilma Waaqayyoo irra
ejjate, nama dhiiga kakuu kan
ittiin qulqulleeffame sana akka
waan qulqulluu hin ta'iniitti lak-
kaa'eefi[i] nama hafuura qulqulluu
ayyaana namaa kennu sana ar-
rabse tokko adaba hagam caalaa
guddaattu isaaf mala seetu? 30Nu
isa, "Kan haaloo baasu ana; ani
deebisee gatii nan baasa" jedhe
sana beennaatii; akkasumas,
"Gooftaan saba isaatti ni mura"
jedhe. 31Harka Waaqa jiraataa
keessatti kufuun[j] akka malee
sodaachisaa dha.
32Bara durii yeroo erga ifni
isinii ifee booddee waldhaansoo
dhiphinnaa obsitanii keessa
dhaabattan sana qaabadhaa. 33Isin
yeroo tokko tokko fuula namootaa
duratti arrabsoo fi gaargalaaf[k]
saaxilamtanii[l] turtan; yeroo kaan

[c]18 ykn *fulaa;* [d]18 ykn *haraara;* [e]19 ykn *adda;* [f]20 ykn *golla;* [g]21 ykn *guddinna;* [h]22 ykn *dhugeeffachaa;* [i]29 ykn *herregeefi;* [j]31 ykn *jiguuni;* [k]33 ykn *ariyatamaaf/baqaaf;* [l]33 ykn *adiyyoomtanii*

immoo namoota rakkinni akkasii
irra gaye waliin hirmaachaa tur-
tan. 34 Isin mataan keessan akka
qabeenya wayyuu fi qabeenya
hin dabarre qabdan waan beet-
taniif warra hidhaman wajjiin
dhiphattaniirtu; yommuu qabee-
nyi keessan saamamus gamma-
chuun fudhattaniirtu.

35 Kanaaf ija jabeenna keessan
isa gatii guddaa qabu sana hin
gatinaa. 36 Yommuu fedhii
Waaqayyoo raawwattanittis akka
waan inni waadaa gale sana ar-
gattaniif obsaan jabaattanii dhaa-
bachuu isin barbaachisa.
37 Kitaabni akkana jedhaatii;
"yeroo gabaabaa keessatti,
inni dhufuuf jiru sun ni dhufa;
hin turus.
38 Namni qajeelaani garuu aman-
tiin jiraata;
yoo inni duubatti harkifate
ammoo
lubbuun kiyya isatti hin gam-
maddu."
39 Nu garuu warra amananii lub-
buu ufii oolfatani malee warra
duubatti harkifatanii badanii miti.

**Amantii**

**11** Amantiin[m] akka wonni
nu abdannu raawwata-
mu[n] mirkaneessa; akka wonni
nu hin argin jirus nuu ibsa.
2 Namoonni duriilleen sa-
babii amantii isaaniitiin
Waaqa irraa dhuga-bayiinsa[o]
argataniiruutii.
3 Biyyi lafaa akka ajaja Waaqaatiin
uumame, wonni jirus akka waan
muldhatu irraa hin hojjatamin nu
amantiidhaan hubanna.
4 Abeel amantiidhaan aarsaa[p]
isa Qaayel dhiyeesse caalu Waaqay-
yoof dhiyeesse. Inni yommuu
Waaqayyo waayee kennaa isaa
dhugeesseefitti nama qajeelaa
ta'uun isaa amantiin dhugeef-
fameef; inni du'eera; garuu
hanga ammaatti amantiin dub-
bachaa jira.
5 Heenok akka du'a hin dhand-
hamneef amantiin ol-fudhatame;
waan Waaqayyo ol-isa fudhateef
inni hin argamne; inni otoo ol
hin fudhatamin dura Waaqa
gammachiisuun isaa rageef-
fameeraafiitii. 6 Amantii malee
Waaqa gammachiisuun hin dan-
da'amu; sababiin isaas namni
gara Waaqaa dhufu kamiyyuu
akka Waaqni jiruu fi akka inni
warra isa barbaadaniifis gatii
kennu amanuu qaba.
7 Nohi waayee waan hanga yeroo
sanaatti hin muldhatini Waaqayyo
isa akeekkachiifnaan[q] sodaatee
warra mana isaa jiraatan ool-
fachuuf jedhee amantiin doonii[r]
hojjate; amantii isaatiinis biyya
lafaatti mure; dhaaltu qajee-
linna amantiin argamuus ta'e.

[m]1 ykn *dhugeeffachaani;* [n]1 ykn *guutamtu;*
[o]2 ykn *dhugeessaa/ ragaa;* [p]4 ykn *sooriyoo;*
[q]7 ykn *seerraani*; [r]7ykn *hoboloo*

[8]Abrahaam yommuu gara lafa booddee[s] dhaaluuf jiru tokkoo akka deemuuf waamametti amantiin ajajame; eessa akka dhaqus otoo hin beekini qajeele. [9]Innis akka keessummaa biyya ormaa jiru tokkootti lafa isaaf waadaa[t] galame sana keessa amantiin qubate; akkuma warra isa woliin waadaa dhaalan jechuunis akkuma Yisaaqiitii fi Yaaqoobii dunkaana keessa jiraate. [10]Inni magaalaa hundee qabdu tan Waaqni ijaaree fi uume eegachaa tureetii.

[11]Abrahaam yoo akka malee jaarellee, Saaraanis yoo dhabduu[v] turtellee inni waan Waaqa waadaa isaaf gale sana amanamaa godhee lakkaayeef[w], amantiidhaan ilma dhalfachuu danda'e. [12]Kanaaf namicha akka waan du'eetti lakkaawamu tokkicha kana irraa sanyiin akka urjii samii baay'attuu fi akka cirracha qarqara galaanaa lakkoobsa hin qabne argameera.

[13]Namoonni kunneen hundinuu otoo waan waadaa galameef sana hin argatin amantii isaanii ammoo otoo hin dhiisin du'an; waadaa sanas fagootti arganii simatan. isaanis lafa irratti akka keessummootaa fi karaa-deemtota turan beekaniiru. [14]Warri waan akkasii jedhan kunneen akka biyya ufii isaanii eegachaa jiran muldhisu. [15]Isaan otoo waayee biyya keessaa ba'an sanaa yaadaa turanii silaa, biyya isaaniitti deebi'uuf carraa[x] ni argatu turan. [16]Qooda kanaa isaan biyya wayyu tokko jechuunis biyya samii irraa sana hawwaa turan; kanaaf Waaqayyo Waaqa isaanii jedhamee waamamuutti hin qaanawu; Inni magaalaa isaaniif qopheesseeraatii.

[17]Abrahaam yeroo Waaqayyo isa qoretti amantiidhaan Yisaaqin akkuma aarsaatti dhiyeesse; isuma waadaa argate sanattu ilma isaa tokkicha aarsaa godhee dhiyeessuuf qophaaye. [18]Innis isuma Waaqayyo, "sanyiin kee karaa Yisaaqiitiin sii waamama" jedheen sana. [19]Abrahaam akka Waaqni warra du'an keessaa nama kaasuu danda'ullee hubatee ture; kunis karaa tokkoon Abrahaam ilma isaa Yisaaqin warra du'an keessaa deebisee argate jechuu dha.

[20]Yisaaq amantiidhaan waan dhufuuf jiru irratti Yaaqoobii fi Esaawun eebbise.

[21]Yaaqoob yommuu du'uu gayetti amantiin ilmaan Yooseefi tokko tokkoon eebbise; mataa ulee isaatti irkatees sagade.

[22]Yooseefis yommuu du'uu gayetti amantiidhaan waayee Gibxi keessaa bayiisa saba Israa'eelii

[s]8 ykn *eegasii;* [t]9 ykn *kakuu;* [u]10 ykn *dira yayyaba;* [v]11 ykn *maseena;* [w]11 ykn *herregeef;* [x]15 ykn *qoommii*

dubbate; waayee lafee isaas ajaja
kenne.
23Akka Muuseen yommuu
dhalatetti mucaa midhaagaa ture
abbaa fi haati isaa waan arganiif
amantiin ji'a sadii isa dhossan;
isaan labsii mootichaa hin so-
daanne.
24Muuseenis erga guddatee
booddee ilma intala Farioonii
jedhamee waamamuu amantiin
dide. 25Innis cubbuu keessa
jiraatee yeroo gabaabaaf gam-
maduu irra saba Waaqaa wajjiin
rakkachuu filate. 26Ija[y] isaas
waan badhaasa fuula isaa dura
jiru irra keewwateef, akka
sababii Kiristoosiitiif tuffata-
muun qabeenya guddaa qabee-
nya Gibxii cufa caalu ta'eetti
lakkaayeera. 27Innis otoo dheek-
kamsa mootichaa hin sodaatin
amantiin Gibxi keessaa baye; isa
hin argamne sana akka waan
argeetti obsaan jabaatee dhaa-
bateeraatii. 28Akka maleekkaan
hangafa ajjeesu sun hangafoota
saba Israa'eelii hin tuqneefis
amantiin akka Faasikaan
ayyaaneffamu, dhiignis akka
facaafamu godhe.
29Sabni Israa'eelii akkuma
nama lafa gogaa irra deemuutti
amantiin galaana diimaa ce'e[z];
warri Gibxii garuu yommuu
akkuma sanatti cewuu yaalanitti
ni liqimfamani.
30Eegii sabnii Israa'elii Yeerikoo
marsee guyyaa torba nanaanna'ee
booddee masaraan[a] Yeerikoo
amantiin jige.
31Ejjituun[b] Ra'aab jedhamtu
gaaddota simachuu isiitiin aman-
tiin hafte malee warra hin amanin
woliin hin ajjeefamne.
32Ani egaa kana caalaa maalin
jedha ree? Waayee Geedewooni,
waayee Baarqi, waayee Saam-
soni, waayee Yooftaahee, waayee
Daawiti, waayee Saamu'eeli ak-
kasumas waayee raajotaa[c] odees-
suuf ani yeroo hin qabu. 33Isaan
amantiin mootota moo'atan; murtii
qajeelaa kennan; waan waadaa
galame argatan; afaan leencaa
cufan; 34Amantiin ibidda jabaa
dhaamsan; qara goraadee jalaa
ba'an; dadhabbiin isaanii jabeen-
natti jijjiirame; waraana keessatti
humna argatanii loltoota diinaa[d]
moo'atan. 35Dubartoonnis[e] namoonni
isaanii warri du'an du'aa
kaafamaniifii deebisanii fudhatan;
warri kaanis du'aa -ka'iisa wayyu
argachuuf jedhanii gadi-dhiifamuu
didanii cinqaman. 36Warri kaan
ammoo ni tuffataman; ni ga-
rafamanis. Namoonni tokko
tokko immoo sansalataan[f] hidha-
manii mana hidhaatti darbata-
man; 37dhagaadhaanis tumaman;

[y]26 ykn *ila;* [z]29 ykn *taakke;* [a]30 ykn *dallaani;* [b]31 ykn *sharmuuxittiin;* [c]32 ykn *raagotaa;* [d]34 ykn *nyaaphaa;* [e]35 ykn *nadheenilleeni;* [f]36 ykn *haada sibiilaatiin / fooncaan*

magaaziin[g] bakka[h] lamatti baqaffaman; goraadeen ajjeefaman; deeguun, gaargalfamuu[i] fi cinqamuun gogaa hoolotaatii[j] fi re'ootaa uffatanii nanaanna'an; **38**addunyaan isaanitti hin tolleetii. Isaanis lafa onaatii[k] fi gaara irra, holqaa[l] fi boolla keessa jooraa turan.

**39**Warri kunneen hundinuu yoo sababii amantii isaaniitiif jajamanillee isaan keessaa namni tokkoyyuu waan waadaa galame sana hin arganne**.** **40**Waaqni akka isaan nu qofa waliin warra mudaa[m] hin qabne ta'aniif duraan dursee waan nuuf wayyu qopheesseera.

**Waaqayyo Abbaa Keenna**

**12** Kanaaf nu waan dhugabaatota[n] akka duumessa guddaa akkanaatiin marfamneef koottaa ba'aa mara, cubbuu takaalee nu qabates uf-irraa baafnee gannaa; dorgommii fuula keenna dura jirus obsaan jabaannee fiignaa. **2**Koottaa Yesuus isa jalqabaa fi fiixaan baasaa amantii[o] keennaa ta'e sana irraa ija keenna hin buqqifannuu; innis gammachuu fuula isaa dura jiruuf jedhee qaanii fannoo tuffachuun fannoo obsee karaa mirga teessoo Waaqayyoo taa'e. **3**Isinis Yesuus isa akka isin hin dadhabnee fi akka isin abdii hin kutanneef jedhee mormii cubbamtoota irraa isa irra ga'e obse sana qaabadhaa[p].

**4**Isin ammallee waldhaansoo cubbuun walmormuu keessanii keessatti hanga sadarkaa dhiiga keessan dhangalaasuutti hin carraaqne. **5**Isinis dubbii jajjabeennaa tan Waaqayyo akkuma ilmaan isaatti isinitti dubbatu sana irraanfattaniirtu[q]; innis akkana jedha;

"Yaa ilma kiyya, ati adaba Gooftaa hin tuffatini;
yommuu inni si akeekkachisus[r] abdii hin kutatini;
**6**Gooftaan warra jaalatu ni adabaatii;
Warra akka ilmaaniitti ilaalu ammoo ni akeekkachiisa."

**7**Waaqayyo waan akka ilmaan isaatti isin ilaaluuf rakkinna akkuma adabbii abbaatti obsaa; ilmi abbaan isaa hin adabne inni ilma akkamiiti? **8**Yoo adaba ijoolleen cuftinuu ittiin adabaman keessatti hin hirmaanne isin diqaalota[s] malee ijoollee dhugaatii miti. **9**Kana malees nu hundinuu abbootii foonii kanneen nu adaban qabna turre; isaan kabajnas[t] turre; yoos abbaa

[g]37 ykn *baangaan;* [h]37 ykn *fulaa;* [i]37 ykn *ariyatamuu/ baqachiifamuu;* [j]37 ykn *ooliyyee;*[k]38 ykn *alootii;* [l]38 ykn *bowwaa;* [m]40 ykn *hirdhinna;* [n]1 ykn *dhugeessitoota/ rageesitoota;* [o]2 ykn *dhugeeffachaa*; [p]3 ykn *yaadadhaa*; [q]5 ykn *yaa deettan*; [r]5 ykn *seerutti*; [s]8 ykn *abbeerota;* [t]9 ykn *ulfeessina*

hafuurotaatiif ammoo hagam caalaa ajajamnee jiraachuu qabna ree? [10]Abbootiin keenya akkuma isaanitti gaarii fakkaatetti yeroo gabaabaaf nu adabaa turan; Waaqayyo garuu akka nu qulqullinna isaa keessatti hirmaannuuf faayidaa keennaaf jedhee nu adaba. [11]Adabbiin martinuu yeroo sana waan nama gaddisiisu[u] malee waan nama gammachiisu hin fakkaatu; eegasii garuu warra adabbii sanaan leenjifamaniif inni firii[v] qajeelinnaa fi nagayaa kenna.

[12]Kanaaf irree keessan isa laafee fi jilba keessan isa dadhabe jabeeffadhaa.[13] "Daandii qajeelaa miila keessaniif hojjatadhaa;" yoos miili naafate ni fayya malee bakka[w] isaatii hin buqqa'u.

**Akeekkachiisa**

[14]Nama cufa woliin nagayaan jiraachuu fi qulqulluu ta'uuf waan dandeettan cufa godhaa; qulqullummaan malee namni tokkolleen Gooftaa arguu hin danda'uutii. [15]Akka namni tokkolleen ayyaana Waaqayyoo hin dhabneef uf-eegadhaa; akka Hiddi hadhaawaan biqilee rakkinna hin uumneef, akka namoonni baay'eenis isaan hin xuroofneef uf-eegadhaa. [16]Namni tokkolleen akka halalee[x] hin taaneef yookiin akka Esaawuu isa mirga hangafummaa isaa nyaata yeroo tokkootiif gurgurate sanaa akka nama Waaqa hin sodaanne hin taaneef ufeegadhaa. [17]Eegasii ammoo yommuu inni eebba sana dhaaluu barbaadetti yoo imimmaaniin barbaadellee akka dhowwatame isinuu beettu; inni qalbii jijjiirrachuuf carraa[y] hin arganne tureetii.

[18]Isin gaara harkaan qaqqabatamuu danda'uu fi ibiddi irraa bobawu, dukkana, dimimmisaa fi bubbee bira hin geenye; [19]Qoonqa[z] magalataa yookiin qoonqa dubbii dubbatuu bira hin geenye; warri isa dhagayanis akka dubbiin dhibiini[a] itti fufee isaanitti hin dubbatamne kadhatan. [20]Sababiin isaas isaan ajaja, "horiiniyyuu yoo gaara sana tuqe dhagaadhaan haa tumamuu" jedhamee kenname sana baachuu hin dandeenyeetii. [21]Wanti achitti muldhates waan akka malee sodaachisaa tureef Muuseen, "ani sodaadhaan hollachaa jira" jedhe.

[22]Isin garuu gaara Xiyooni bira, magaalaa[b] Waaqa jiraataa jechuunis Yerusaalem isii samii irraa bira, maleekkota kumaatama gammachuun walitti qabaman bira

[u]11 ykn *laaleffachiisu;* [v]11 ykn *midhaani;* [w]13 ykn *fulaa;* [x]16 ykn *hawadattuu;* [y]17 ykn *qoommii;*[z]19 ykn *sagalee/ qoonqoo;* [a]19 ykn *biraa;* [b]22 ykn *dira*

geettaniirtu. 23Waldaa Kiristaanaa hangafoota kanneen maqaan isaanii samii irratti barreeffame bira, Waaqa nama hundatti muru bira, hafuurota namoota qajeeltotaa kanneen mudaa[c] hin qabnee bira, 24Yesuusii isa jidduu - deemaa kakuu haarayaa ta'e bira, dhiiga facaafame kan dubbii dhiigni Abeelii dubbatu sana caalaa dubbatu biras geettaniirtu.

25Isinis akka isa dubbachaa jiru sana hin dinneef uf-eegadhaa; erga isaan yeroo isa lafa irratti isaan akeekkachiise sana didanitti jalaa hin bayinii, nu immoo yoo isa samii irraa nu akeekkachiisu sana irraa garagalle akkamitti jalaa bawuu dandeenna ree?
26Yeroo sanatti sagaleen isaa lafa sochoose; amma garuu inni, "ani ammas yeroo tokko lafa qofa otoo hin ta'in samiiwwanis nan sochoosa" jedhee kakateera.
27Dubbiin, "ammas yeroo tokko" jedhu kun akka wanni hin sochoofamne hafee jiraatuuf, wanni sochoofamu jechuunis wanni uumame baduu isaa agarsiisa.

28Kanaafuu nu waan mootummaa hin sochoone argannuuf koottaa warra galateeffatu haa taanuu! kabajaa fi sodaanis karaa fudhatamaa ta'een Waaqa haa waaqeffannuu. 29Waaqni keenna ibidda waa balleessuutii.

## Gorsa Xummuraa

**13** Akka obboleeyyaniitti woljaalachuu keessan itti
fufaa. 2Keessumoota simachuu hin dhiisinaa! Namoonni tokko tokko keessumoota simachuudhaan otoo hin beekin maleekkota Waaqayyoo simataniiruutii.
3Warra mana hidhaa jiran akka waan isaan woliin hidhamtaniitti, warra cinqamanis akka waan ufii cinqamtaniitti isaan yaadadhaa[d].

4Fuudhaa fi Heerumni nama mara biratti haa kabajamuu[e]; bakki[f] ciisichaas qulqulluu haa ta'uu; Waaqayyo ejjitootaa[g] fi halaleewwanitti[h] ni muraatii.
5Jireenyi keessanis dharraa maallaqaatiin[i] hin guutamin; waan qabdaniinis gammadaatii jiraadhaa; sababiin isaas Waaqayyo,
"ani matumaa[j] si hin dhiisu;
matumaas si hin gatu" jedheeraatii.
6Kanaaf nu ija[k] jabeennaan,
"Gooftaan gargaaraa kiyya; ani hin sodaadhu;
namni maal na gochuu danda'a?" jenna.

7Dura buutota keessan warra dubbii Waaqayyoo isinitti himanii turan sana qaabadhaa; waan jireenya isaanii irraa argames

[c]23 ykn *hirdhinna;* [d]3 ykn *qaabadhaa;* [e]4 ykn *ulfinna haa qabaatuu;* [f]4 ykn *fulaani;* [g]4 ykn *sharmuxootaa;* [h]4 ykn *hawadattootatti;* [i]5 ykn *beesseetiin;* [j]5 ykn *akkanallee jedhee;* [k]6 ykn *adda*

ilaalaa; amantii[l] isaaniis hordofaa. **8**Yesuus Kiristoos kaleessas[m], hardhas,barabaraanis sanuma.

**9**Barsiisa gosa hundumaa kan keessummaa ta'een hin fudhataminaa; garaan keennas sirna[n] waayee nyaataatiin otoo hin ta'in ayyaanaan jabeenna argachuu qaba. Sirni waayee nyaataa warra isa kabajaniyyuu hin fayyadu. **10**Nu iddoo aarsaa[o] kan warri dunkaanicha keessa tajaajilan[p] irraa nyaachuuf mirga hin qabne tokko qabna.

**11**Lubni ol aanaan[q] dhiiga horii qabatee sababii cubbuutiif aarsaa dhiyeessuuf jedhee bakka bakka cufa caalaa qulqulluu ta'e sana seena; foon horii sanaas buufata[r] keessaa gadi baafamee gubama. **12**Kanaaf Yesuusis dhiiga ufiitiin saba qulqulleessuuf jedhee karra magaalaatiin[s] alatti dhiphate. **13**Egaa koottaa nus salphinna inni baate sana baannee bakka buufataatiin ala gara isaa haa dhaqnuutii. **14**Nu magaalaa ishii dhufuuf jirtu eeganna malee magaalaa barabaraa asii hin qabnuutii.

**15**Kanaafuu koottaa otoo gargari hin kutin karaa Yesuusiitiin aarsaa galataa Waaqayyoof haa dhiyeessinuu! aarsaani kunis dubbii maqaa isaa beessisuuf afaan keenna keessaa bawuu dha. **16**Waan gaarii gochuu fi waan qabdanis namaan gawuu hin dhiisinaa; Waaqayyo aarsaa akkasiitti gammadaatii.

**17**Dura-bu'oota keessaniif ajajamaa; isaaniifis bulaa. Isaan waan itti gaafatamtoota lubbuu keessanii ta'aniif isin eegu; kanas otoo gaddaan[t] hin ta'in akka isaan gammachuun hojjataniif isaaniif ajajamaa; yoo isaan gaddaan hojjatan isin hin fayyaduu tii.

**18**Isin Waaqa nuu kadhadhaa; nu sababii yeroo hundumaa waan sirrii[u] ta'e hojjachuu barbaannuuf akka yaada qulqulluu qabnu dhugumaan ni beenna. **19**Keessumattuu akka ani dafee deebi'ee gara keessan dhufuuf akka waaqa kadhattan isinin gorsa.

**20**Waaqni nagayaa inni karaa dhiiga kakuu barabaraatiin Gooftaa keenya Yesuus, tissituu hoolotaa[v] guddicha sana warra du'an keessaa kaase sun, **21**akka isin fedhii isaa raawwattaniif[w] waan gaarii cufaan isin haa qopheessuu; innis karaa Yesuus Kiristoosiitiin waan isa gammachiisu nu keessatti haa hojjatuu; ulfinni baraa hanga barabaraatti Yesuus Kiristoosiif haa

[l]7 ykn *dhugeeffachaa;* [m]8 ykn *kaleellee;* [n]9 ykn *aadaa;* [o]10 ykn *fulaa sooriyoo;* [p]10 ykn *hojjatan;* [q]11ykn *qaallichi guddaani;* [r]11 ykn *quttuma;* [s]12 ykn *diraatiin;* [t]17 ykn *laaleffachaan;* [u]18 ykn *qajeelaa;* [v]20 ykn *ooliyyee;* [w]21 ykn *hojjattaniif*

ta'uu; aamiin.
22Yaa obboleeyyani, ani waan
xalayaa gabaabduu isinii bar-
reesseef akka isin ergaa gorsaa
kana obsaan fudhattan isin kad-
hadha.
23Akka Obboleessi keenna
Ximootewoos mana hidhaatii
hiikame akka beettan nan bar-
baada;
yoo inni dafee asi dhufe ani isin
arguuf isa wajjiin nan dhufa.
24Dura-bu'oota keessan hun-
daafi qulqulloota hundatti na-
gaya naa himaa; warri Ixaaliyaa
irraa dhufanis nagaya isinii
dhaamu.
25Ayyaanni isin mara waliin
haa ta'uu.